# Minneapolis Homes: Access Down Payment Assistance Program

## Minneapolis Homes: Access Down Payment Assistance Program
### Guidelines

1. **Cuunfaa sagantichaa:**
   - Minneapolis Homes: Access namoota mana bitataniif maallaqa kaffaltii jalqabaa(down payment)bittaa mana keessa jiraataniif oolu Minneapolis keessatti ni dhiyeessa.

2. **iqeeffattoota ulaagaa guutan:**
   - Liqeeffataan/liqeeffattootni waliigaltee bittaa hojiirra oolchuu dura barnoota bittaa manaa fi nageenya faayinaansii dursanii fudhachuu qabu.
   - Liqeeffataan/ liqeeffattootni warra yeroo jalqabaaf mana bitatan ta'uu qabu ykn mannisaanii duranii kan jalaa fudhatame ta'uu qabu. Nama Yeroo jalqabaaf bitatu jechuun kan amma dura mana jireenyaa qabaachuuf fedha horatee hin turre jechuudha
   - Liqeeffataan/liqeeffattootni lakkoofsa kaffalaa gibiraa(ITIN) ykn lakkoofsa nageenya hawaasummaa(SSN) qabaachuu qabu
   - Galiin maatii liqeeffataa/liqeeffattootaa galii giddugaleessaa naannichaa(AMI) 80% oliin caaluu hin qabu. Galiin miseensa maatii umrii 18 olii hundi, abbummaa manichaa ni qabaatu yoo ta'es yoo ta'uu baates, kaffaltii liqaa raawwachuuf dirqama qabaatanis dhiisanis, mirkaneeffamee galii waggaa maatii keessatti hammatamu qaba.
   - Kanneen maallaqa dheedhiin mana bitatan hunduu istaandaardii maagaalittiin ragga'e bu'uura godhachuun gaggeessaa sagantichaan riiskiin isaanii ni fudhatama(underwritten) ta'a.
   - Liqeeffataan/liqeeffattootni bittaa manaaf yoo xiqqaate $500 buusuu qabu.
   - Liqeeffataan/liqeeffattootni reeshiyoon maallaqa bittaa manaaf kaffalan inni xiqqaan galiisaaniirraa 15% dha. Reeshiyoon inni guddaan liqaa fi galii gidduu jiru ammo 50%.

3. **Manneen ulaagaa guutan:**
   - Manneen yuunitii 1-4 qofaatti jiranii, Town House, ykn kondomiiniyeemii magaalaa Minneapolis keessa jirani.
   - Gatii gurgurtaa manaarratti daangaan hin jiru.
   - Namni mana bitate waliigalteen bittaa erga raawwatee guyyoota 60 keessatti manichatti galuu qaba.
   - Manni bitame waggoota 10f bakka jireenyaa bu'uura warra bitee ta'uuf dirqamni irra jira.

4. **Waliigaltee Liqaa:**
   - Galiin maatii galii giddugaleessaa naannichaa(AMI) keessaa 60% ykn isaa gadi yoo ta'e liqiin kennamu $20,000
   - Kaawuntii Heenipiin keessatti hayyama daayireektarri CPED waggaa sadi sadiin fooyyessuun gatii gurgurtaa kan gidduugalaa keessaa 6%
   - Liqaa barbaaddota galii waliigalaa maatii AMI irraa 61%-80% kan qabaniif liqaan inni guddaan kennamu $10,000
   - Kaawuntii Hennepin keessatti hayyama daayireektarri CPED waggaa sadi sadiin fooyyessuun gatii gurgurtaa kan gidduugalaa keessaa 3%
   - Dhala parsantaa zeeroo.
   - Kaffaltiin ji'aa hin jiru.
   - Liqaan kun 100% kan kaffalamu dhuma bara moorgeejii isa jalqabaatti ykn wayita abbummaan ykn kaffaltiin liqaa naanna'u ykn ammo dhuma yeroo deferment isa wagga-30tti.
   - Moorgeejiin kun waliigaltee liiqaa mana jalqabaa jalatti fooyya'insa godhamuuf ni bitama. Liiqiiwwan kunniin labsii Minnesota 58.13 jalatti ''Ispeeshaal moorgeej'' jedhamanii ilaalamu

5. **Fayyadama fandichaa**
   - Kaffaltii jalqabaa(down payment), qabxii diskaawuntiifi gatii xiqqeessuuf kaffalamu danda'a.
   - Kaffaltii waliigaltee xumuruuf ni kaffalama.
   - Hangi maallaqaa kaffaltii jalqabaaf ykn waliigaltee xumuruurra hinoolle magaalaa Minneapolis deebi'uu qaba, hangi liqaa kaffalamus hammuma maallaqaa deebi'e saniin hir'ifama.
   - Liqaan kenname qaamni maallaqa liqeesse baasii bittaa manaa ykn bittaafi gurgurtaa kana dura raawwatee ykn ammo maallaqa dheedhii waliigaltee xumuraaf baase bakka buusuuf fayidaarra ooluu hin danda'u.
   - Liqeeffattoota moorgeejii jalqabaafi barnoota bittaa manaafi nageenya faayinaansii fudhatanii dursanii hayyama argataniif fandiin eeggannoo (Fandi riizarviin) ni jira.
     - Fandi rizarviin guyyoota 90f tura.
     - Fandi riizarviin maallaqa eeggannoo kan liqeeffataa waliigaltee bittaa manaa raawwachaa jiruu miti.

6. **Barnoota abbummaa manaa fi nageenyaa faayinaansii barbaachisu:**
   - Namootni mana bitatan barnoota bittaa manaa fi nageenya faayinaansii gama Home Stretch™ ( ispoonsarummaa gidduugala abbummaa manaa Minisootaa, 651-659-9336 ykn www.hocmn.org) , Framework® (barnoota bittaa manaa gama onlaayiniin kennamu www.hocmn.org), ykn ammoo kaarikulamii bittaa manaa kan biraa HUDn beekamtii argateen kennamu raawwachuu qabu.
   - Barnootni bittaa manaa kun gorsa nageenya faayinaansii dhuunfaan kennamutti dabalataan barbaachisa. Lameenuu xumuramanii waraqaa ragaatiin iyyata Minneapolis Hooms: Access 'f dhiyaate dura qophaa'uu qabu.

7. **Dhiyassii maallaqaa isa jalqabaaf kan ulaagaa guutan:**
   - Liqaan kan kennamu danda'u reet poortifooliyoo FHA,, VA, Fannie Mae, Freddie Mac n kan inshuraansii qabu, kan inshuraansii hinqabne, ykn omishaalee liqaa dhala hin qabnee gurguraman waliigalatti indaastirii liqaa kennaniin ''A'' ykn ''Prime'' jedhamaniin omishaalee beekamaniin walqabateeti.
     - Sagantaa kanaan moorgeejiin dhallisaa jijijjiiramu fudhatama hin qabu
   - Liqaan kun bittaa mana qaama bu'aaf hin hojjenneen misoome fi atattamaan dabarfamuu danda'u( deed financed) irraa bitamuuf konitaraata waliin kennamuu danda'a. Abbaan manicha gurguru magaalicharraa barreefamaan hayyama hin arganne taanaan gurguruu hin danda'u. Kontiraatni sagantaa 'deed' gara waliigaltee liqaatti hin gaaliin dura magaalaarraa hayyama argachuu qaba.
   - Liqiin kun omishaalee sub-prime jedhaman bituuf akka oolu hin hayyamamu.
   - Minneapolis Homes: Access sagantaalee deeggarsaa kaffaltii jalqabaa kennan biroo ykn sagantaalee abbaa qabeenyummaa mana jireenya waloo waliin qindaa'uun liqeeffataa/liqeeffattootaaf carraa mana bitachuu guddaa uumuu danda'a.

8. **Nageenya liqaa**
   - Waraqaan waadaa (Promissory Note) fi moorgeejiin nageenya fandii liqii ni mirkaneessu.
   - Liqaan kun fandii sagantaalee biroo keessattillee galee wabiin deebi'ee kaffalamuu isaa lien dhaan qabamee ni mirkaneeffama.
   - Inshuraansiin abbummaa hin barbaachisu.
   - Poolisii Insuraansii Balaa nama abbaa qabeenyaa ta'erratti 'mortgagee clause' hin barbaachisu.

9. **Afaan yeroo balaa (Catastrophic Language)**
   - Abbaan moorgeejiin irra jiruufi kan tajaajilicha kenne, waliin dubbii rakkoo hanqisuurratti godhamee fi xiinxala kasaaraa hambisuu booda, sababoota akka namni liqeeffate du'eef, ykn yeroo dheeraaf dhukkubsateef ykn miseensi maatii dhiyoo jireenyisaa nama liqaa fudhaterratti hundaa'e yeroo dheeraaf dhukkubsachuu dabalatuun waadaa liqaa kaffaluufi moorgeejii kaffaluu yoo dadhabe, manicha hanga idaa duraan waraqaa waadaa fi moorgeejiirra jiruun gadi ta'een akka gurguru ni gaafata.Hangi qabiyyee kaffaltii Promissory Note fi moorgeejii kan gurgurtaa mana kanaa booda ga'aa hintaane ni gadlakkifama.

10. **Akkamiin iyyatu**
    - Ulaagaa guutuufi maallaqni jiraachuuf dhiisuu hubachuuf iyyattootni fedha qaban hooggantoota dame tajaajiloota liqaa qunnamuu danda'u:

BuildWealth MN
2121 Plymouth Ave N
Minneapolis, MN 55411
612-877-4182 office
612-436-5418 fax
info@buildwealthmn.org

NeighborWorks Home Partners
1930 Glenwood Ave
Minneapolis, MN 55405
651-292-8710 office
651-292-0473 fax
hello@nwhomepartners.org